DHUGAAN JIRU HEDDUU NAMA YAADEESSA!

Alwaadi (manni nyaata itti bilcheefannu) bakka yeroo mara keessatti dabarsinu ta'u illee, bakka balaa irraa walaba ta'e miti. Ibiddi suunsumaa ka'umsa ibidda manaa fi madaa ibiddaan mana keessatti nama irra ga'an keessaa isa tokkoffaadha. Balaan ibidda kuniin bara 2007 keessa Minnesota keessatti dhabama lubbuu nama tokko fi mada'u namoota 23 akkasumas qabeenya Miliyoonii tokkoo fi tuqaa shanii ol ta'u barbadeesseera. Sadarkaa biyyoolleessaatti balaan ibidda suunsumaa irraa ka'een waggaa waggaan gaaga'ama lubbuwwan namoota dhibbaan lakka'amanii fi madaa'ina namoota kumaatamaa fi sababa ta'ee jira. Ibiddoowwan kunniin ittisuun ni danda'ama. Haata'u iyyuu malee ibiddoota kanneen ittisuuf maal gochuu dandeenyaa?

1. Balaan ibidda alwaada keessan keessatti ka'uu danda'u beekuu.
2. Akkaataa itti balaan ibiddaa kun hir'atuu fi xiqqaatu baruu.
3. Akkaata itti balaan ibiddaa kun yoo ka'ee to'achuu dandeessan baruu.
4. Waa'ee madaa ibiddaa fi akkaataa itti kunuunsii godhamuuf baruu.

www.ci.minneapolis.mn.us/fire

Wojji ta'uudhaan

www.fire.state.mn.us

O-EEGGANNOO IBIDDA ALWAADAA

Nyaata Haa Bilcheeffannu!

DIRQAMA MATAA OFII BAHUU

Balaa ibiddaa kana dhabamsiisuufi naannoo keessan hubachuudhaan kutannoo cimaan socho'un fakkeenya gaarii ta'i. Kun amaloota balaaqabeessa kana sitti illee hin beekamnee fi warra biro illee akka jijjiiraman gargaara.

Tartiiba of-eeggannoo

YOO AKKAATAA SUUNSUMA YKN ISTOOVII KEESSAN ITTI FAYYADAMTAN HINBEEKTAN TA'E ITTI FAYYADAMUU KEESSAN **DURA** NAMA ISINITTI AGARSIISUU GAAFADHAA.

Qulqulinaan qabadhaa…

- ***Bakka itti nyaata bilcheeffatan kuufama giraasoo fi zayita gara garaa irraa qulqulleessaa***
- ***Bakka itti nyaata bilcheeffatan wantoota salphaatti ibiddaan qabataman kan akka fooxaa, moofaa waraqaa ittiin nyaatan gara garaa aguugaman fi kkf irraa qulqulleessaa***
- ***Mataa midijjaa keessanii akka laakkaawaattii itti hinfayyadamiinaa***

Yeroo nyaata bilcheessitan…

- ***Bineensoota manaa fi daa'imman naannoo keessan irraa fageessaa (ittisaa)***
- ***Suunsuma qofaa dhiiftanii irraa hin fagaatiina***
- ***Bakka qabannaa xuwwee gara keessaatti deebisaa akka isaan dhangalaa'anii irra hinyaaneetti***
- ***Wayyaa sirritti harka keessan mudduu fi arraba ibiddaa hin dhaqabne uffadhaa***

Yeroo balaan ibiddaa ka'e…

- ***Hin jeeqaminaa***
- ***Balaa ibidda meeshaa waaddii fi miidijjaa suuta jedhaa qadaadasaa irra mucucaachiisaatii midijjicha dhaamsa***
- ***Balaa ibiddaa miidijjaa yoo ta'e balbala cufaatii midijjaa keessan dhaamsaatii sookeetii isaa buqqiisaa***

Gargaarsa yoo barbaaddan…

- ***Hundinuu manaa ba'uu isaanii fi rakkinnicha beekuu isaanii mirkaneessaa***
- ***Ollaa keessan biraa lakkoofsa 911tti bilbilaa yaamaa***
- ***Ibidda kan dhaamsituun ABC 10 Lb naannaa ulaa ba'umsatii qabaadhaa***
- ***Yoo ibiddichi naannaa itti calqabee* OL HIN GUDDANNEE *ta'e meeshaa ibidda dhaamsaa keessan tooftaa kana fayyadami***

  Cuftuu isaa buqqisii ibiddatti aggammadhuu qabdoo isaa gad qabii asiifi achi sochoosii

Gosoota gubaa ibiddaa…

- ***Gubaan ibiddaa inni Sadarkaa duraa gubaa gogaa isa irra keessaa qofa ta'ee akka waan gogaa aduun gubee fakkeessuu.***
- ***Gubaan ibiddaa inni sadarkaa lammaffaa qamni dhiita'ee madaa'ee bishaan yaasaa. Sababisaas sadarkaan googaa dirriba dirribaan gadii fageenyaan gubateera waan ta'eef.***
- ***Sadarkaa sadaffaan ammoo hundi qaama keenyaa isa cimaa keessa seenee kan gubateedha.***

Kunuunsa gubannaa ibiddaa…

- ***Yoo googaan gubatee akkamu gubannaa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa hin ciccitnee ta'e bishaan qabana'aa itti naquun ho'a isaa qabanneessu. Haata'u malee garuu, yoo gogaan sun akka gubannaa sadarkaa sadaffaa cicciteera ta'e ammoo mada qoorsaa bakka mada'eetti dibuun gara mana yaalatti ariitiin geessuudha.***